# ***Korri xiqqaa miseensota ABO dhiha kaanaadaa Ebla 7 fi 8 bara 2012 Biriitish kooloombiyaa,Magaalaa Vancooveeritti hawaasa magaalaa vancooveer waliin haala ho'aan geggefameera.***

Korri miseensota ABO kutaa dhiha kaanaadaa ergaa haawaasa magaalaa vaancoover waliin maree hawwasaa fi Ayyana gootootaa kabajeen booda gaafa Eebla 8/2012 ganama irraa kaasee jalqabamee.

Korri miseensotaa kun akka aadaa oromoo Eebba manguddoon durfamee faruu alaabaa oromiyaa miseensota WBO duraaniin qopha'een eegalamee. Achiin booda kora miseensotaa kana qopheessuun maaliif akka barbaachiisee fi bu'uura guyyaa mare kanaa koreeleen kutaa ibsuun hirmaatonni korichaa bu'ura mariif dhiyaatee raggasisuun mareen guyyaa jalqabamee. Haaluma tartiiba bu'uuran koreen kutaa dhiha kaanaadaa gabaasaa hojii fi dinadgee bara 2011 konyaalee irraan dhiyaatee miseensotaaf erga ibsanii booda miseensonni hirmaatonni kora kana gabaasaa dhiyaate irratti hundaa'uun adeemsa hojii bara darbee madaaluun cimnaa jiruu fi laafina jiru irratti yaada kennataniiru. Gabasaa hojii fi dinagdee bara kanaa dhiyaatee hojii waggaa darbeerra foyya'aa yemmuu ta'uu bara haaraa kana keessatti iddoowwan daran cimnaan irratti hojjetamuu qabuus hirmaattonni kora kana akeekanii jiru. Gabaasaa koree kutaan dhiyaatee itti aansuuun keessumman kabaajaa hoggantoonni dhaabaa irratti argaman Dr Fidoo Eebbaa fi Jal.Odaa Xasee wal duraa duubaan haala jaarmiyaa biyyaa keessaa,sochii WBO fi haala waliigalaa yeroo ammaa jiru irratti ibsa ga'aa miseensotaaf kennan. Miseensonni konyaalee kutaa dhiha kaanaadaa irraa irratti argamanis dhimmoota fardii ta'an haala yeroo irratti yaada kennatuun mareen bal'aa godhameera. Keessayyuu WBO dhiyeenya kana tooftaa haaraadhaan hanga magaalaa guddoo Finfinnee keessatti humna tikaa wayyanee irratti tarkaanfii fudhachuun isaa guddoo gammachiisaa ta'uu ibsaniiru. Dhimmoota moonaa qabsoo bilisummaa gabbisuu fi wareegama xiqqeesuuf jecha araara yaadama turee ilaalchisee fi tarkaanfii akka dhaabatti fudhatamee irratt itti quufa qabaachuu miseensonni yaadaan kaasaaniru. Yeroo ammaa kanas maqaa ABOn sagantaa siyaasa ABO jijjiruun dhaabiilee siyaasaa fedhii fi hawwii bilisummaa saba oromoo kongumaa yaadanii hin beeknetti maxxanee ta'uu adeemsa egree qabsoo saba oromoo gaaffii keessa galchuu rawwataa jiraachuun cimsanii kan balaaleeffataniifi kan dura dhabbatan ta'uu jala muranii miseensonni yaada isaanii ibsatanii jiru. Dhaaba keessattis madda olola diinaa ta'uun waarreen waan afaan miseensotaa wal fajjeesuu tattafatan irratti cimnaan qabsaa'uun tarkaanfii sirreessa fudhatamuu akka qabuu illee kora kana irratti dhammataniiru. Duuchaatti yaada fuul duraa adeemsa QBSO tumsuu itti danda'amuu kaasuun waloon qabsoo keenya kallatii hundaanuu safsiisuu akka qabnuu fi hojiilee diploomaasii daran hojii jaarmiyaa fi siyaasaan wal maddii cimuu akka qabuu, qabsoon hidhannoo WBO ammayeesuun fiinii akka qabuu faana hoggana dhaabaa argamanitti dhaamsa dabarfataniru.

Dhumaa irrattii karaa hogganoota dhaabaa adeemsi jaarmiyaa biyya alaa haala daran foyya’aa ta’een qajeelfama dhaabaa ba’an irratti hundaa’uun bara kana keessa dachaan cimee hojjetamuu akka qabuu kaasuun hirmaatoonni kora kana bakka oggani dhaabaa ola’aanoon jiraniitti Hirbuu haroonfatuun ibsa eejjennoo baafamee dubiisatuun Eebba manguddoon xumuurame.

## ***Ibsa ejjennoo miseensota ABO kutaa Dhiha kaanaadaa***

Nuti miseensonni ABO kutaa dhiha kaanaadaa jirruu bakka hogganootiin dhaabaa MSH-GS -ABO Dr Fidoo Eebaa fi MGS J/Odaa Xasee argamanitti, Ebla 7fi 8/2012 Biriitish kooloombiyaa, magaalaa Vaancooveeriitti kora xiqqaa dhiha Kaanaadaa qophaa’ee irratti sirna ho’aan hirmaachuun,Ayyaana gootootaa bara kanaas hawaasa oromoo magaalaa Vancooveer waliin kabajnee deggersa dinagdee WBOf gumaachuun milkaa’inaan xumurruun  ibsa ejjennoo armaan gadii bafanneerra.

1 sochii ijaarsa jarmiyaa biyya keessaa fi tarkaanfii WBO fudhataa jiruu ilaalchisee, haala armaan dura irraa dhiyeenya kana haala gammachiisa ta’een nannoo oromiyaa hundaatti keessayyuu human addaa WBOtiin magaalaa teessoo motummaa Finfinnee keessatti sochoo’uun humna tikaa fi jalee motumichaa irratti tarkaanfii fudhatamaa jiruu bayyee kan nama boonsisuu ta’uu isaa fi kan daran itti fufuu qabuu ta’uu hubachiisaa akka miseensaatti kan dandeenyuu hundaan WBO bira ni dhaabbanna,

2 Sochii QEERROn, baratoonni Oromoo fi hawaasni  Oromoo biyya keessa godhaa jiran qaama FDG Oromoon godhaa jiru ta’uu fi haala yeroo fardii ta’uu hubannee qeerroo diinaan wal qabaa jiru kana bira dhabatuun waan nurra eegamuun ni deggera, galmaan ga’umsa sochii qeerroo kanaaf gumaacha barbaadamuu ni raawwanna.

3 Yeroo ammaa Mootummaa wayyanee hawaasa oromoo lafa isaa irraa maqaa investmeentiin buqqaasuun iyyomsuun gidiraa irran ga’aa jiru kanaa fi sabaaba iyyumaaf  ilmaan Oromoo keessayyu dubartooni  Oromoo biyya alaatti bifa garaa garaan gurguramuun  lubbuu isaanii dhabaa jiru. midhaa akkana hawaasa Oromoo irran ga’aa jiru kana karaa danda’amee hundaan hawaasa adunyaatti iyyachuun of irra dhabsiisuuf  waloon ni hojjenna,

4 Miidhaa mirga dhala namuummaa baqattoota Oromoo biyyoota ollaa Yeemeen,Suudaan,Keeniiyaa,Jiibuutii fi Soomaaliiyaa keessa jiranii fi akkasumaas mootummaan Noorwaay tarkaanfii wal fakkataa baqattoota irratti fudhachuuf karoorafatee akka hawwasni adunyaa fi mootummaan walta'aniitti dhimmi baqattootaa (UNHCR) hubatee mirgi baqattummaa isaanii eegamuu gochuuf waan nurra eegamuu ni raawwanna,

5 Mootummaa abba irree gabrooftaa wayyanee of irra fonqolchuun kana danada'amuu hojii diplomaasii cimaa qabaachuun fira qabsoo horatuu fi hojii pooleetiikaa geggeessaa jiru wal maddii ,WBO biyya keessaa zooniilee adda addaa tti socho'aa jiranii fi human addaa WBO bifa haaraan ijaaraamee jiruu kana cimsatuun qabsoo hidhannoo finiinsuun filannoo dura ta'uu hubannee kan barbaachiisuun hundaa deggersa ni goona,

6 Maqaa ABO n sagantaa siyaasaa ABO jijjiruun garee habashootaa tokkummaa fi bilisummaa Oromoo tasa hin jaalanne, hin hawwine waliin hidhachuun qabsoo bilisummaa Oromoo dhamsuu fi dadhabsiisuuf akka gareettis ta'ee akka nama tokkeetti kan sochoo'aa jiran maraayyu dura kan dhaabannuu fi dhaaba keenyaa ABO waliin hiree fi hawwii saba keenyaa tokkicha kan ta'ee bilisummaa saba Oromoo dhugoomsuuf waliin kan qabsoofnu ta'ee kaayyoo dhaaba keenyaa kan hin faallesinee kamuu waliin mootummaa abba irree wayyanee kuffiisuuf tumsa ni goona.

7 Maqaa seera gooleessitootaa jedhuun deggertootaa ABO fi hawaasa Oromoo biyya keessa jiruu irra hidhaa fi gidiraatu ga'aa jira. nuti miseensonni fi deggertoonni ABO biyya alaa jirruu carra argannuu hundaan dhiitta mirga dhala namaa maqaa ABO deggertuu jedhuun mana hidhaatti darbatuun gidiraa hidhamtoota Oromoo irra ga'aa jiru kan akka hawaasni adunyaa beekuu godhuu irratti shoora nurraa eegamuu ni raawwanna.

8 Mooraa Qabsoo Bilisummaa Saba Oromoo keessatti hirmaanna Dubartootaa daran cimsuuf haala fooyya'aa ta'een amma kaasnee irratti hojjechuuf waadaa ni galla,

9 Dhaabni keenyaa ABO mooraa qabsoo Oromoo gabbisuuf, wareegama xiqqeesuuf jechaa obsaan araara geggefamaa turee ilaalchisee tarkaanfii fudhatamee ibsa nuuf kennamee irratti quufa kana qabnuu ta'uuf, ammalee akka miseensaattis ta'ee akka dhaabaatti faca'iinsa mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti akka hin dhalanneef kutannoon ni qabsoofna.

Dhuma irrattis hogganoota dhaabaa MSH-GS Dr. Fidoo Eebbaa fi MGS J/Odaa Xasee haala yeroo irratti ibsa nuuf kennaniif galateeffataa, waadaa keenya irra deebiinee haaromfannee deggersa maallaqaa WBOf goonee kana gara fuula duraattis kan itti fufnuu ta'uu cimsinee ibsina.

Injifannoon ummata oromoof!

Gadaan Gadaa bilisummaati!

Miseensota ABO Kutaa Dhiha kaanaadaa

Ebla 08/2012